# ADDA BILISUMMAA OROMOO

OROMO LIBERATION FRONT | جبهة تحرير أورومـــو

Gaafa: Feb. 08, 2011 تاريخ
Date:

Lakk.: 001/stm-abo/2011 رقم
No.:

## Diina Waloo Irratti Waliin Qabsaawuun Gaaffii Yeroo Fi Dirqama Seenaa ti.

Ummatni harqoota gabrummaa baachuudhaaf uumame hin jiru. Bilisummaan kenna Waaqaa, badhaasa uumamaa kan dhala namaa hundumaa ti. Haa tahu malee addunyaa kana keessatti ofittummaa dhala namaa irraa kan madde nam-tokkee irraa jalqabee hanga murnaa fi ummataa/biyyaatti isa kaan deegsanii ofii duroomuuf, isa kaan agabsanii ofii quufuuf, isa kaan xiqqeessanii ofii guddachuuf, isa kaan dhabamsiisanii ofii jiraachuuf, walumaagala bu'aa ykn. dantaa ofiif jecha kufaatii ykn. hoonga isa kaaniitiif shira xaxuun bakka hedduutti mul'ataa turee har'as ittuma jirama. Kun ammoo ummatootaa fi biyyoota addunyaa kanaa hedduu keessatti madda lolaa, beelaa/hiyyumaa, dhukkubaa, duubatti hafummaa fi….kkf akka tahe ragaa seenaa hedduu dhiheessuun ni danda'ama. Biyyoota seenaa roorroo akkasiitiin beekaman keessaa tokko Impaayera Itoophiyaa oggaa taatu, ummatoota gochaa dabaa fi cubbuu akkanaatiin bilisummaa ofii sarbamanii roorroo fi gidiraan hedduun irra gahee fi gahaa jiru keessaa tokko ammoo ummata Oromoo fi ummatoota Impaayera Itoophiyaa kanneen hiree fakkaataa mudatanii dha.

Bittaan Afaan qawwee fi abbaa-irrummaan, ol'aantummaan murna xiqqoo, sarbamuun bilisummaa fi mirgoota dhala namaa, hidhaan, ajjeechaan, biyyaa arihatamuun, lolli, beelli, dhukkubni, hiyyummaa fi duubatti hafummaan mallattoolee Itoophiyaan ittiin beekamtu dha. Hiyyummaan, hoji-dhablummaanii fi qaalominni jireenyaa haala takkaa argamee hin beekneen dagaagee oggaa lammiilee biyyattii dhiiga boochisaa jiru yeroo ammaatti murni xiqqoon Wayyaanee kan Afaan qawweetiin Itoophiyaa bulchaa jiru garuu dhugaa kana ija qabatee haaluudhaan asoosama kijibaa kan "Dimokiraasii warraaqaa, Federaalizimii, guddina dinagdee 11 – 15%....kkf" qaanii tokko malee ummatatti lallabuu hojii godhatee jira.

Bilisummaa fi mirgi dimokraasii ummatootaa guutuutti kabajamuun bu'uura waan hundumaa ti. Bakka kun hin jirretti waa'ee tokkummmaa biyyaa, guddina waloo fi nagaa waaraa yaaduun bakka loon hin ooolin kobota/dikee barbaaduu dha. Bilisummaa fi mirgoota dimokraasii ummatoota biyyattiitti, akkasumas nagaa, tasgabbii fi guddina naannichaatti gufuu kan tahe ammoo murna abbaa irree kan afaan qawweetiin aangootti dhufee fi qawwee malees filmaataan aangoo gadi hin dhiisu jedhee kakate Wayyaanee dha. Addi Bilisummaa Oromoo kaayyoo Wayyaanee cubbamaa kana osoo Wayyaaneen aangoo biyyattii qawweedhaan hin dhuunfatin dura irraa kaasee hubatee dura dhaabbachaa turee har'as dura dhaabbachaa jira. Mormitootni karaa nagaatiin sossoonee Wayyaanee waliin filmaatatti hirmaannee biyyattii keessatti jijjiirama fidna jedhanii abdachaa fi yaalaa turan yeroo ammaa abdii fi tilmaamni isaanii akkanumaan (vain attempt) tahuu hubatanii jiran. Biyyootni aangawoon addunyaa kan duraan Wayyaaneen hanga tokkos tahu dimokiraatummaa qabdi jedhanii amanaa fi nama amansiisuufis yaalaa turan yeroo ammaa hubannoon isaanii sun dogoggora tahuu 100% hubatanii jiran. Waan taheefis murna farra ummataa tahe kana (Wayyaanee) maqsuudhaaf sochiin godhamu kamuu mootummootaa fi hawaasa addunyaa kanneen bilisummaa ummatootaa, dimokiraasii fi haqa dhala namaatti amanan hunda biratti deeggaramaa fi eebbifamaa tahee argama. Addi Bilisummaa Oromoo murna farra ummatootaa tahe Wayyaanee maqsee bilisummaa, dimokiraasii, guddina waloo fi nagaa waaraa biyyattii fi godinichatti mirkaneessuudhaaf qabsoo godhamu qindeessuu fi galmaan gahuudhaaf qooda isaa adda-durummaan bahata. Ummatni Oromoo fi ummatootni biyyattii martis (keessattuu dargaggoon/kaa'imman) kaayyoo eebbifamaa fi gaaffii yeroo kan seenaan gaafatu kanaaf deebii yeroo kennuun dirqama seenaa ti.

Ummatootni Impaayera Itoophiyaa hundumtuu akka ummataatti tokko isa kaaniif diina miti. Bilisummaa fi kabajamuun mirga ummata isa tokkoo kan isa kaaniif bu'aa malee dhiibbaan qabaatu hin jiru, jiraachuus hin qabu. Ummatoota walitti diranii dhiiga wal dhangalaasisuudhaan, akkasumas, olola dharaatiin ummatoota wal shakkisiisanii wal dura dhaabuudhaan umrii bittaa isaanii dheereffachuuf kan shira dalagaa turanii fi har'as itti jiran gita bittootaa fi murnoota abbootii irree kan fedhii ummataan maleetti aangoo mootummaa biyyattiitti dhufaa turanii fi kanneen har'as bifuma kanaan aangoo harkaa qabanii dha. Ummatoota Impaayera Itoophiyaa hundumaaf diinni waloo tokkichi yeroo ammaa jiru Mootummaa Wayyaanee qofa. Diina waloo tokkicha kana waliin irratti qabsaawanii maqsuun dirqama fi gaafatama seenaa ti. Dargaggootni Kaaba Africa fi biyyoota Arabaa kan biroo

bulchiinsa abbaa-irree fi roorrisaa dhabamsiisanii sirna bulchiinsa haqaan bakka buufachuuf warraaqsa bifa haaraadhaan finiinsanii ummatoota cunqurfamoo addunyaa bakka gara garaaf fakkii gaarii tahaa jiru. Humnootni aangawoon addunyaa kan kaleessa dantaa ofiif jecha mootummoota abbootii irree aangoo irratti tiksaa turanis warraaqsa haqa barbaachaaf ummata bal'aadhaan (keessattuu dargaggootaan) dhoohe kana ukkaamsuuf yaalan illee hin dandeenye. Ummata murteeffatee ka'e humni dhaabuu danda'u hin jiru. Dargaggootni biyya kanaatis haala siyaasaa addunyaa dammaqiinsaan hordofuu, irraa barachuu fi qaama seenaa boonsaa addunyaa kana tahuutu irraa eegama.

Gadaan gabroomfattootaa fi Abbootii Irree dhumatee aduun isaanii dhiitee jirti. Ummatoota cunqurfamaniif *Bariin Bilisummaa* dhihaattee jirti. Ummatootni biyyattii hundumtuu (keessattuu dargaggootni/kaa'imman) dhugaa kana xiinxalanii hubachuu qaban. Kanaan wal qabsiisee ilmaan ummatoota Itoophiyaa kanneen miseensa waraanaa, poolisii, tika nageenyaa (security force) tahuudhaan umrii bittaa wayyaanee dheeressuu keessatti qooda ol'aanaa kennaa jiran beekaas tahe wallaalaan yakka ol'aanaa kan seenaan dhiifama hin gooneef dalagaa akka jiran hubatanii yeroon isaan adeemsa isaanii sirreeffachuu qaban boru osoo hin taane har'uma, egar/booda osoo hin taane ammuma jenna. Ilmaan ummatoota Itoophiyaa kanneeniif fimaatni jiru lama qofa:

1) Murna farra ummataa tahe wayyaanee kan yeroo gabaabaa keessatti bubbeen *Warraaqsa Bilisummaa Ummatootaa* haxaawee balleessuuf deemu waliin xurii seenaa tahanii dhiqamanii dabruu, seenaa gantummaa fi salphinaa dhala isaanii dhaalchisuu.

2) Osoo yeroon isaa hin dabarre adeemsa ofii sirreeffachuudhaan qabsoo fi gaaffii haqaa ummatoota biyyattii faana hiriiruudhaan karaa fi mala isaaniif danda'ame hundaan qooda lammummaa ofii bahatanii qaama *Seenaa Haaraa* fuul-dura keenyaa tahuu.

Maayyii irratti, Ummatni Oromoo fi Ummatootni Impaayera Itoophiyaa hundumtuu, dhiiraa-dhalaa, xiqqaa-guddaa osoo hin jennee fi amantii fi sabaan osoo wal irraa hin qoorrifannee fi wal dura hin dhaabbanne murna Wayyaanee kan yeroo ammaa diinaa fi farra ummatoota hundumaa tahee fi nagaa naannoo kanaa jeeqaa jiru kana maqsuudhaan, bilisummaa fi mirgoota dimokiraasii ummatoota biyyattii hundaaf, akkasumas, guddina waloo fi nagaa waaraa biyyattii fi naannichatti fiduudhaaf wabii kan tahu boqonnaa seenaa haaraa banuuf waamicha qabsoo godhamuuf owwaachuuf qophii tahanii argamuu qaban jenna.

**Diina Waloo Irratti Waliin Qabsaawuun Gaaffii Yeroo Fi Dirqama Seenaa ti !**

## Injifannoo Ummata Oromoof !

## Adda Bilisummaa Oromoo